QORANNOO SIRNA ARAARAA LICHOO KAN GODINA GUJII LIXAA FI GODINA BOORANAA KEESSATTI ARGAMUUU

Garee Ilmaan Girjaatiin kan barreeffame

Roobaa Abarraa

Bulee Birbirsaa

ID No 067

Adoolessa 2012(2020)

Bulee Horaa

Nuuti eenyu?

Nuuti Lammii Itoophiyaa, jiraattota naannoo Oromiyaa, Godina Gujii lixaa, Aanaa Bulee Horaa keessa dargaggoota jiraanuudha. Hiriyyoota lamaan yoo taanuu, nu keessaa inni tokko barataa Roobaa Abarraa jedhama. Barataa Universitii wolayitaa soodoo yoo ta'u 'department of Veterinary Medicine' waggaa sadaffaa kan baratuudha. Hiriyyaan inni lammaffaan Barataa Bulee Birbirsaa jedhama. Barataa Universitii Samaraa yoo ta'uu 'Department of economics' waggaa sadaffaa barata. Nuuti lamaanuu Sababa Weerara vaayiresii koronaa kanaaf gallee maatii keessa jirra. Iddoo jiraannuttis hojii tola oltummaa irratti boobbaanee uummata keennaaf waa'ee Covid-19 hubannoo uumaa jirra. Kana cinnattis hojii sirna araaraa kanaa hojjataa jirra.

I

Galata

Hunda duraan dursinee Nagaaf fayyaa kan nuuf kenne galatni Waaqaaf haa te'u.Itti aansuun maatii TIKVAHkan waamicha nuuf gootanii qophii kanarratti nu hirmaachiftan guddaa galatoomaa jechuu barbaadna. Akkasumas komishiinii araara Itoophiyaatiin (The Ethiopia reconcillation office) guddaa galatoomaa jechuun barbaadna.

Keessattuu Manguddoota aadaa fi sirna ajaa'iba kanaan biyyaaf saba isaaniif nagaa eegsisaa eegaa asiin bahanii aadaa kana dhaloota dhalchisuun asiin baasanii madda barreeffama kanas kan nuuf ta'an onneerraa galatoomaa umurii dheeradhaa jedhuu barbaadna.

hiriyyoota keenna kan yeroo fi humna isaanii hin qusatin nu cinaa dhaabbatanii meeshaaf yaadan kan nu gargaaraa turaniin galatoomaa jechuun barbaadna.

II

Seensa

Waliin jirenyaa keessatti ilmi namaa kaayoo, aadaa, safuu, sona, seenaa fi duudhaa waliinii qaban kabajanii jiraatu. Ilmi namaa jireenya hedduu dabarsee armaan baheera. Akkuma fayyaan jirtu dhibeenis ni jira. Akkasumas jaalalli akkuma jiru wal-dhabuunis nii jira. Kun qaama jiruuf jireenya ilma namaati. Jeong(2008) akka ibsetti “Conflict dates from the beginning of human history and will probably never end. Our survival on thisp lanet[…]how we manage the various features of conflict and that is fuelled not only by seemingly incompatible interests and values but also by hostilities”.

Haa ta'uu malee jireenya isaa keessatti wal-kabajee yoo wal-dhabes mala aadaa gargaraatti fayyadamee waliif araaramaa tureera araaramas jira. Akka naannoo keennaatti malli araaraa hedduuttuu jira. Kana keessaa inni tokko lichoodhaa.

Lichoon aadaa araaraa beekkamaa Godina Gujii lamaan, Godina Booranaa keessatti sirritti beekkamuudha. Gujii fi Booranni obbooleewwan tokko yoo ta'an sababa sirna duraan jiru irraa fi abbootii angoo tokkoo tokko angoo isaanii ittiin dheerefachuuf jecha uummata lafarra jiraatan lafti tun kan ebaluutii irraa kaafaadhaa ardaa keessaniirraa jechaa fedhii angoo isaanii turaniif jecha kan buusaa turaniidha. Haa ta'u iyyuu Obbooleewwan lamaan tun yoo wal dhabee akka wal dhabdetti hin haftu, mala aadaa isaanitti fayyadamuun waliif araara godhanii waliin jiraatu. Malli araaraa kunis lichoo jedhama.

Sirni araara kunis wal-dhabbii yeroo waraanaa keessatti uummaman furuuf kan gaggeeffamuudha.

Baafata

Qabiyyee Fuula

Galata.....I

Seensa.....I

Haala waliigala naannoo.....III

Boqonnaa tokko: Lichoo..... 5

1.1 Maalummaa lichoo.....5

1.2 akkaataa lichoon ittiin ergamu 5

1.2 Yoo maaltuu uummame araara lichoo ofirraa deebisanii..... 6

1.3 haalli yeroo ammaa jiru maal fakkaata?..... 7

1.4 Sirni kun yeroo ammaa kanatti dargaggoota biratti fudhatama qaba moo hin qabu ?..... 8

1.5 sababoota sirna kana dhipisa keessaa isaan ijoo.....,.....8

1.6 Sirni araara kun sadarkaa biyyaatti maal godhamuu qaba?.....9

1.7 Sirna araaraa kanarraa maal baranna?.....10

1.8 Waa'ee sirna araaraa kana maaltu isinitti dhaga'aama?.....10

.

III

Haala waliigala naannoo

Sirni araara kun godina Gujii lamaanii fi Booranaa keessatti argama. Godinaaleen kunniin argami isaanii kibbaa biyyatti hanga baha Oromiyaatti kan bal'atuudha.

Dangaa isaanis kan Godina Gujii, kaabaan mootummaa naannoo kibbaa fi mootummaa naannoo Sidaamaa, akkasumas kaaba bahan godina Arsii lixaa, kibbaan godina Booranaa, dhihaan Uummattoota kibbaa, bahan godina Baalee fi mootummaa naannoo Sumaaleti. Yoo te'uu kan Godina Booranaa kaaban godina Gujii lixaa, kibbaan Keeniyaa, bahan mootummaa nannoo Sumaalee, fi dhihaan Uummattoota kibbaati. Halli waligala qilleensa naanoo Gujii badaa, bada daree fi harki diqqaan gammoojjiidha.

Kan Godina Booranaa immoo harka dhibba keessaa 80-85% gammoojjii yoo ta'u, 15-20% kan hin caalle ammoo bada dareedha. Godinni kuniin sirna aadaa boonsa ta'e kan qabuu fi sirna gadaa Oromoo waggaa hedduuf ba'aatee kan qabuudha. Kunis sadarkaa biyyattii fi addunyaatti kan nama ajaa'ibsiisuufi UNESCOtti kan galma'eedha.

Godinni Gujii fi Booranaa mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti argama. Afaan Godinaalee kana keessatti dubbatamanis Afaan Oromooti. Afaanuma Oromootiin sirna araara kanas raawwatu. Kana jechuun afaan Oromoo qofa beekan jechuu osoo hin taane, afaan amaaraa haga tokko, Ingiliffaa haga tokkoo fii afaanota nannoo kibbaas haga tokko nii danda'u. Isaan waliinis nagaaf jaalalan waliin jiraatu. Yoo akka tasaa walitti bu'anis aaduma kanaan nii furatu. Godinni kuniin lamaan aadaa fi safuu hedduu qabu. Fkn. Yoo ati bishaan kadhatte aanan namaaf kennuun waan baratameedha.

Boqonnaa Tokko

Lichoo

1.1 Lichoon maal?

Lichoo jechuun Jarsa araaraa Yeroo waraanaa kan sabaa fi saba walitti araarsuuf manguddoota keessaa filamee gara walakkaa saba wal-dhabeetti kan ergamuudha. Jaarsoolin tunis akka aadaa sirna araara lichootti, Hayyuu biyyaa lamaa fi torbii (Nama aadaa biyyaa beeku kan sadarkaan isaa hayyuu gadii) waliin ta'anii gara saba walitti bu'an, tokkorraa gara tokkootti ergamaniidha. Isaanis aadaa lichoof barbaachisaan hunda guutatanii gara ergamanitti deemu. Aadaawwan lichoof barbaachisaan keessaa inni ijoon licheedha. Inni lammaffaan marga jiidhaadha, innis qaccee licheetti kan hidhamuudha.

Licheen immoo meeshaa aadaa kan Oromoon farda isaa ittiin guluchiisuuf kan gargaaru yoo te'uu, innis gogaa Roobii ykn sattawwaa irraa kan hojjatamuudha.

1.2 Akkaataa lichoon ittiin ergamuun

Lichoon jaarsa biyyaa sirna araara sabaaf sablammoota kan geggeessu yoo te'uu, sirnichis saboota wal waraanaan walitti araarsuuf kan fayyaduudha. Jaarsi araaraaf dhufu kun adeemsaa fi aadaa mataa isaa qaba.

Lichoon yeroo dhufutti ulaagaalee guutatu qaba. Ulaagaaleen kunniin;'

Sibiila ofirratti qabachuu hin qabu fkn. Waraana, baasaa, cuuphii, fi kkf. Qabachuu hin qabu. Tarii akka tasaa limmoo yoo ofirratti qabateyyuu karaatti maffatee dhaquu qaba.

- Lichee isaa qabachuu qaba
- uffata aadaa isaa uffachuu qaba
- Yeroo dhaquu Barii barraaqa ka'anii adoo warri loon isaanii hin boobbaafatin bira

gahuu qaban.

- Sutaa ykn marga jiidhaa lichee isaaniitti marachuu qabu.

-Nama afur(4) te'uu qaban

Jaarsoliin arfaan tun Lichee qabatanii, marga jiidhaa qaccee licheetti hidhanii gara ergamanitti deemu.

Lichoon yeroo ergamee iddoo ergaa dhaqqabee maal jedha?

Eega mana warra itti ergamee bira gaheen akkas jedha;

Lichoo warra manaa

Worra yaa! Yaa!

Nagaa bultanii? Bulle! Bultanii isin?

Anaa an lichoo ergaa lichootti dhufee gad alatti naa bahaa!

Eegaa warri lichoon itti dhufte kun warri dhiiraa gad bahanii booda, lichoon akkas jedhaan; Marga ani irraa ka'e ati hin nyaattu, bishaan ani irraa ka'e ati hin dhugduu nuuti aantee male nyaaphaa (diinaa) motii, an lichoodhaa lichoo fuudhi! Eegaasiin duuba Warris ollaa isaan waamanii maarree lichoon laa dhuftee kora(walgayii) bahaa jedhanii ollaa hundumaa waamanii koratti baasu.

Erga koratti bahanii booda akkas jechuun ollaa dhufetti dubbii dhageesisu. Lichoottuu dhufe, lichoo narraa fuudhi jedhee maan jettu jedhuun wal-gaafatu. Eega yoona yoo waliigalan hayyee laa sirraa fuudhee, an lichoodhaa ka'i narraajedhee, deebisee beellama qabaatan.

Erga beellamaniin booda warri Kunis akkuma warra jalqaba itti dhufee san beellama isaa kabajee lichee isaanii qabatanii, marga jiidhaa qaccee licheetti maranii, uffata aadaa isaanii uffatanii gara warra beellameetti deemuu. Yeroo kanas sibiila kamiiyyuu qabachuun hin danda'aamu.

Lichoon tunis erga warra beellamaniif bira dhaqqabdee, warri isaan itti dhufan nageya erga gaafataniin booda, ollaa jiru hundatti ergatanii lichoon dhuftee bahaa jedhanii gaaddisa jalatti walitti qabamu.

Erga walitti qabamanii horii(Korma) araaraa Qalatanii, buna qalmaa nyaatanii, daadhiif farsoo jirtu dhuganii nagaan araara isaanii xummuratan. Araarri erga bu'ee kan duraan qe'ee isaarraa baqatee jiru gara qe'eetti deebi'ee, akkuma duraaniitti loon isaa bobbbaafataa, obaasee tiksee waarsee nagaaan waliin jiraatu.

Araara lichoo kana maaltu adda isa godha?

Wantoota araara lichoo adda isa godhan keessaa inni angafti wal-amantaa waliirraa qabaachuu saba kanaati. Wal-amantaa yoo jedhuu sabni duraan akka diinaatti wal-waraanaa ture amma karaa nagaatiin jaarsa ergatee nagaan nii bu'a jedhee amanee, jaarsa deemu kanatti sibiila(meeshaa waraanaa) tokko male gara warra wal-dhabeetti yoommuu ergatan nama ajaa'iba. Kana malees araarichi Lichee qofa qabachuun isaa ad

Marga Jiidhaa qaccee licheetti maruuni maaliif barbaachise?

Sababni isaas margi jiidhaan mallattoo nageenyaati. Nuuti nageyaaf deemna jechuu waan ta'eef eennuyyuu isaan tuquu hin danda'u. Kan nama ajaa'ibu osoo abbaan keetuu du'ee jiraatee akka tasaa yoo warra lichoo kana dhaggite (argite) irraa gorta malee womaa gochuu hin dandeettu.

Uummanni keenya aadaa boonsaa akkanaa qabatanii yoo wal-waraananiiyyuu Salphumatti adoo qaamni mootummaa gidduu hin seenin walitti bu'iinsa nagaan furata. Itti bulanii aadaa godhatanii jiran waan ta'aneef waliirraa fagaatanii ila diinaatiin wal-hin ilaalan.

1.3 Yoo maaltu uummame araara lichoo didan?

Namni erga lafa tanarra jiraachuu jalqabee guyya tokko wal-dhabu male oolee hin bulu. Wal-dhabiin guyyaaf yeroo kana jalqabamte jechuunis nii ulfaata. Haa ta'uutii male erga walitti bu'eetii waan hedduuttuu baduuf manca'uu danda'a. Lolaan duratti seera akka waliif kabajamuufi yuuba biyyaatiin kan isaan olka'aanittuu jira. Jechuunis tarii duraan wal-lolanii erga walitti araaramanii seera isaan murteessanittuu jira, seera kana keessaa kan jalqabaa;

Hadholii(durbas) haa teetuu gaafa waraanaa hin ajjeesan. Maaliif jennaan intala durraa (durbaa) nii booji'u, erga booji'ee haadha manaa godhata male hin ajjeesu. Tarii haadha ulfaa ta'uu dandeetti, yoo isiin ulfa qabaatte isii galateenii gaafa isiin deessu yoo dhiira ta'e garba(hojjataa) tolfata. Yoo durba taate immoo nii guddisaa akka intala isaatti heerumsiisee gumaa fudhata.

Inni lammaffaan; Ilma diqqaa (Kan hin guddatin hin ajjeesu nii booji'a male.

Tarii yoo sabni tokko gaafa hadhotii (durba) ijjeesee dhaggame (argame) fi ilma xiqqaa ijjeesee argame lichoo dhufte tanaan

dide lichoo sirraa hin fuudhu jedhee deebisaaf. "Maaliif narraa hin fuune lichoo?" jettee

yoo gaafate jaarsoliin lichoof dhufte tun, warris akkas jechuun deebisaaf;

Hadholii ulfaa ijjeettee(ajjeestee)

Mucaa gonfaa (surree) hin hidhatin ajjeestee

Intala durraa ijjeettee maan jedhee sirraa fuudha lichoo yoo gumaa murteen ala. Gumaa kunis yoo hadholii ulfaa teetee fi da'ima(mucaa) diqqaa yoo teetes loon dhibba!

Garuu waraanaa keessatti hanga fedhe yoo namni du'e warra dangaa seeraa keessa jiruun alatti yoo du'an wanti gumaa gaafachiisu hin jiru. Isanis ijoollee, hadhotii fi durbaadha. Erga du'a isaanii qulqulleeffateen booda warri lichoos akkas jedhuun; hayyee gumaalleen hinuu muraa(nii muraa) lichoo narraa fuudhi jedhee deebisa.

Maarree eega murtee laa sirraa fuudhee jedhanii guyyaa beellamaa qabatani santi gumaa lubbuu aadimalee baddee san fudhatan. Lichoonis gara saba isa ergeetti deebi'ee waan worri jedheen kana hunda erga himeen booda horii gumaa san ollaa hundarraa deemanii walitti qabanii gaafa araaraa warra dhufeef kennu. Haala kanaan dogoggora ummameefis mucuca (dhiifama) waliif godhanii nagaan waliin jiraatu.

1.4 Haalli yeroo ammaa jiru maal fakkaata?

Haalli yeroo ammaa jiru kan duraanii irraa wanti adda isa godhu nageenni baldhachuu qofa yoo te'u akka tasaa lolli yoo ka'e jijjiirama hin qabu. Garuu, ammaan kana wanti jiru walitti bu'iinsi Obbooleewwan lamaan kanaa hin jiru maaliif jennaan eenyummaa isaanii baranii, sirnoota duraan isaan walitti buusaa turan ofirraa qolatanii fi namoota fedhii angoo isaanii dheerefachuuf jedhanii walitti buusan beekanii akka diinaatti wal ilaaluu lakkisanii diina of keessaa baasaniiru. Yoo akka tasaa walitti bu'iinsi jiraatelle sirnuma kanaan nii falatu. Haa ta'uu malee yeroo garagaraatti walitti bu'iinsi uummamu Uummata naanoo kibbaa kana waliin nii jira ta'us uummatni kun aadaa isaa kanaan walitti araaramaa har'aan baaheera.

Wolumaagalatti, uummati kun yeroo ammaa kana walitti bu'iinsi hir'atus aadaan kun akkuma duraan jirutti jabaatee kan jiruudha.

1.5 Sirni kun yeroo ammaa kana dargaggoota biratti maal fakkaata?

Sirni kun yeroo ammaa dargaggoota biratti fudhatama nii qaba. Maaliif yoo jette dargaggeessi keenna dargaggoo nageya barbaadu waan ta'eef araara sirritti barbaada. Garuu, yeroo ammaa kana haalli nageyaa gaarii irra jira waan ta'eef dargaggeessi naannawa kana keessaa jiru sirriitti hubannoo qaba. Haaluma kanaan nageya naannoo

isaatiif ambaassadara ta'ee dhaabbachaa jira.

1.6 Sababoota sirna kana dhiphisan keessaa isaan ijoon

Sababootni kunniin babaldhachuu nageyaa fi misoomaati malee waan hamtuufii moti. Akkasumas sirni hamaan duraan uummata walitti buusaa ture darbuu irraa kan ka'e uummatni nagaan jiraata. Haaluma wal-fakkaatuun uummatni of barachuu isaarraa kan ka'e sirni araaraa kun dhiphachaa jira.

1.7 Sirni araaraa kun sadarkaa biyyatti maal godhamuu qaba?

Sadarkaa biyyaatti sirni kun babal'atee tarii akka aadaa hawaasa Itoophiyaatti fudhatama argatee ykn barsiifamee uummatni biyya keennaalle osoo miidhaan baay'een hin gahin jaarsolii araaraa erganii biifa nagaaf tasgabbii qabu kanaan walitti bu'iinsa jiru adoo araarsan baay'ee namatti tola. Sirni araaraa kun sadarkaa biyyaatti sirriitti qindeeffamee erga ilkaan booda biyyoota ollaa keenyaa, naannolee fi Godinaalee biyyattiin qabdu keessatti babaldhatee akka barsiifamuufii uummanni yeroo lolli uummame mootummaa eeguu irra waliif utubaa ta'ee nagaa naannoo ofii akka eeguuf gara biyyaatiin imaanaa kana isinirra ka'uu barbaadna.

1.8 Sirna araaraa kanarraa maal baranna?

Kan nama ajaa'ibu araarri kun araara sabootni wal-waraanaan mala ittiin walitti araaraman waan ta'eefii osoo qaama mootummaa ofirratti hin eegin sabni waldhabe sun hatattamaan jaarsolii walitti ergatanii osoo lubbuuf qabeenyi hedduun hin barbada'in sirna ittiin walitti araaramanu waan ta'eef gamanumaan qaama nageenyaa waliif ta'anii nagaa naannoo ofii akka eeggatanu irraa barachuun nii danda'aama.

Dabalataanis ilmi namaa wal dhabee taa'uun gaarii akka hin ta'iniif hatattamaan akka wal-araarfatu nu hubachiisa. Kanaafuu sirni araaraa kun waan hedduu nu barsiisa.

1.9 Maaltu isinitti dhaga'aama waa'ee sirna araaraa kanaa?

Wanti nutti dhaga'aamu yoo jiraate inni jalqabaa hawaasa aadaa akkanaa qabu kana keessatti dhalannee guddannee dhaloota dhaalu ta'uu keennatti nu boonsa.

Maaliif jennaan ilmi namaa yeroo waliin jiraatu keessatti akkuma nagaan jiru wal-dhabuunis nii jira waan ta'eef nuuti ammoo dhaloota biyya kana dhaalu waan teeneef tarii yoo hawaasi walitti bu'e mala ittiin araaraman aadaa kanarraa barree(beeknee) jirra jechuudha.

Madda odeeffannoo

Δ Manguddoo biyyaa fi jaarsa biyyaa kan akka Yuuba Bokkoo abbaa Adoola

Δ The book of jeong(2008) conflict and resolution method

Δ Barruulee gadaa

Δ jaarsa biyyaa Abarraa Gannaalee

Δ Doorii Areeroo Boruu

Δ Kitaaba Balchumaan Jeebana (by Jamjam Uddeessaatiin 2007)